Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,

Maatiin ijoollee ji'a 12 gadi qaban hundi sagantaa keenya keessattis ta'e hawaasa keessatti weerarri gifiraa yoo mudate maaltu ta'uu akka danda'u akka beekan barbaanna.

Sagantaa keenya keessatti, ykn hawaasa keessatti weerarri **dhibee gifiraa** yoo jiraate, namni kamiyyuu ragaa(eegumsa ittisaa) madinummaa dhukkuba gifiraa agarsiisuu yoo hin dandeenye **hanga guyyoota 21 mana turuun** akka isa barbaachisuu muummeen fayyaa gaafachuu danda'a. Kunis tatamsa’ina dhukkuba gifiraa dhaabuuf gargaara.

Daa'immaan baay'een **talaalli**i **measles, mumps, and rubella (MMR, gifira, maangurroo, shiftoo)**, yeroo baay'ee guyyaa dhaloota jalqabaa daa'imaa booda kennamuun madinummaa isaanii guddifatu. **Mucaan keessan waggaa 1 gadi waan ta’eef mana turuun isaan barbaachisuu danda’a.**

Waa'ee dhukkuba gifiraa fi sagantaa talaallii MMR irratti gaaffii yoo qabaattan, ogeessa kunuunsa fayyaa isiniif kennuu waliin haasa'aa.

Dhukkubni gifiraa baay'ee daddarbaa waan ta’eef dafee babal’achuu danda’a. Akkasumas rakkoo fayyaa hamaa fiduu danda’a. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo marsariitii Washington State Department of Health (Muummee Fayyaa Kutaa Waashingitan): doh.wa.gov/measles.

Nagaa wajjiin,